**Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa, Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)**

**National Youth Movement for Freedom and Democracy (NYMFD)**

## Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Godina Dhihaa Oromiyaa

***Duguugginsaa sanyii (Genocide ) Oromiyaa keessaatti Ummataa Oromoo irraatti gaggeeffamaa jiruuf mootummaan nannoo Oromiyaa fi Federalaa Wayyaanee adda durummaan itti faafatamummaa jalaa hin bahan.***

Oromiyaa keessaatti yeroo irraa gara yerootti duulli duguuginsa sanyii mootummaan Wayyaanee U/Oromoo irraatti fudhachaa jiru jabaatee itti fufaa jira. Hagayyaa 3/2013 Godina Arsii Lixaa aanaa Kofalee fi nannoo sanatti uummata Oromoo nagaa hordoftoota amantaa Muslima gaaffii mirgaa karaa nagaa waggaa lamaa oliif gaaffaachaa jiruu irraatti humna ittisa biyyaa waraana bobbaasuun yakkii ajjeechaa ilmaan Oromoo namoota 20 ol irraatti raawwatee jira, ajjeechaa jumlaa Ummataa Oromoo nagaa irraatti gaggeeffaamaa jiruuf itti gaafatamaan mootummaa nannoo Oromiyaa ofiin jedhuu fi mootummaa Federaalaa Wayyaanee EPRDF ta'uu Qeerroon ibsa ajjeechaa jumlaa ummataa Oromoo Godina Arsii Lixaa Aanaa Kofaleetti waranaa Mootummaa EPRDF'n fudhatame ilaalchisuun baaseen hubachiisee jira. Mallattoo mootummotaa abbootii irree keessaa inni guddaan uummataa isaaniin mormu humna waraanaa of harkaa qaban itti bobbaasuun kallaattiin dhukaasaanii ajjeessuudha, mormitotaa sirna isaanii dhabamsiisuu dha, kanaaf Ethiopia keessaatti Minilik, Hayilee Sillaasee, Darguu,fi mootummaa EPRDF Wayyaaneen ammaa angoo biyyattii afaan qawween dhuunfatee jiruu fakkeenyaa gaariidha.

Keessaattuu ajjeechaa suukkaaneessaa Hagayyaa 3/2013 Godina Arsii Lixaa aanaa Kofalee fi nannoo isheetti uummata Oromoo nagaa hordoftoota amantaa Muslima gaaffii mirgaa karaa nagaa gaaffaachaa jiruu irraatti humna ittisa biyyaa waraanaa bobbaasuun ummataa meeshaa maleeyyiitti waranaa bobbasuun ajjeechaa jumlaa uummataa keenyaa irraatti raawwatameef mootummaan nannoo Oromiyaa fi Federalaa wayyaanee itti gaafatamuu qabu. uummaanni kumatti lakka'amuu jumlaan mana hidhaatti darbamee jira. keessaattuu mootummaan nannoo Oromiyaa namoota sadii qofatu du'ee jedhee karaa foddaa TV isaa amanee, kaan haalee jiraachuun itti gaafatama jalaa kan isaan hin baasnee ta'uu ni hubachiifna.

**Email contact: -** qeerroo2011@gmail.com **Facebook**:- Qeerroo Bilisummaa

Kana malees ajjeechaan jumlaa ummata Oromoo godina Harargee keessaatti mootummaan Wayyaanee Somaalotaa hidhachiisuun uummata nagaa qee'ee isaatti ajjesisaa jiraachuuf itti gaafatamuu qaba.

Adooleessaa 14/2013 Godina Lixaa Shawaa ambootti sabbonaa Oromoo dargaggoo Tasfayee Guutaa irraatti mootummaan guyyaa saafaa dhukaasuun ajjeechaa sukkaneessaa karaa dabbalotaa isaa rawwatee jiruuf itti gaafatamuu qaba.

Adoolessaa 8/2013 mooraa Yuunivarsiitii Jimmaa keessaattii yakki ajjeechaa poolisotaa fi dabbaloota mootummaa Wayyaanee fi EPRDF'ttin ifaatti baratаa Oromoo baratаa Faasil Huseen irraatti rawwatameef mootummaan Wayyaanee itti gaafatama dha.

Barottaan dhiyoo keessaatti mootummaan abbaa irree Wayyaanee Oromiyaa godinotaa garaagaraa keessaatti uummata Oromoo nagaa irraatti ajjeechaa jumlaa rawwaachuun addunyaan gurraa fi ijaa qabuu ragaa guddaadha. Godinotaa Oromiyaa Ajjeechaan Jumlaa keessaattii gaggeeffaamaa jiruu keessaa muraasa;

---

1. Bara 2005 Godina Horroo Guduruu Wallaaggaatti uummata karaa nagaa mirgaa isaa gaafachuuf manaa ba'ee irraatti waraana bobbaasuun namonnii 26 ol guyyaa saafaa ajjeefaman. dhibbaan kan lakka'aman hidhatti guuraman.
2. Baroota 2005--2013 Sabootaa Guumuuz qawwee hidhachiisuun godina Wallaggaa Bahaa fi lixatti Ummaanni Oromoo kuman lakka'amuu qee'ee isaatti ajjeefamera. badii tokkoo malee jumlaan hidhatti guuramee dararamaa jira.
3. Bara 2005 Godina Lixaa Wallaaggaatti Baratootni Oromoo gaffii mirgaa fi dimookiraasii gaafachuun mirga hiriiraa nagaa nuuf heeyyamaa jechuun gaafatan dhukaasaa waranaa irraa itti banameen mooraa manneen barnotaa keessaatti ajjeefaman, namootni kumaan lakka'aman hidhaatti guuraman.
4. Bara 2005 --2013 gidduutti Godina lixaa Shawaa manneen barnotaa aanota garaagaraa keessaattii baratootni Oromoo gaaffii mirgaa kabajamuu uummataa Oromoo mootummaa gaafachuun hiriiraa nagaa bahaan waraana itti bobbaafameen baratootni hedduun ajjeefamuun, namoonni kumaatamaan lakka'aman mana hidhatti guuramaan.
5. Bara 2005 Godina Arsiitti uummaannii karaa nagaa gaffii mirgaa fi dimookiraasii waan gaafateef miseensa paarlamaa mormituu Oromoo tokkoo dabalatee namootni hedduun humnotaa waraanaa Wayyaaneen ajjeefaman, dhibbaan kan lakka'aman hidhatti darbaman.
6. Bara 2005--2013 gidduutti Godina Harargee lixaa fi bahaa keessaatti uummaannii Oromoo gaaffii mirgaa waan gaafatanii fi sabaabaa Oromummaa isaanii qofaaf qe'ee isaanitti ajjeefaman, kaan qee'ee irraa buqqifaman, kaan dhibban lakka'aman hidhatti guuraman.
7. 2005--2013 Gidduutti godina Booranaatti mootuummaan Wayyaaneen gosotaa fi sabootaa ollaa gidduutti rakkoo uumee sabootaa kaan hidhachiisuun uummataa Oromoo

meeshaa maleeyyii dhibbaan lakka'aman ajjeesee, ajjeesiseera, hedduu mana hedhatti guuree jira.

8. Baroota 2005--2013 gidduutti Godina Jimmaa keessatti mootummaan EPRDF hordoftota amantoota garaagaraa gidduu galuun uummaannii akka wal ajjeesuu haala mijeessuun , Poolisonnii sirnichaa dhukaasuun namotaa hedduu ajjeessan, namootni hedduun ajjeefamanii uummataa keessaatti nagaa fi jaalallii akka hin jiraannee uummaannii tasgabbii dhabee rakkachaa jira, dabalataanis uumataa kibbaa hidhachiisuun rakkoo dangaa sabootaa gidduutti akka uumamuu goochuun gama tokkoo dhaabbatee uummata Oromoo ajjeesisera. hidduu hidhatti guursiseera.
9. Baroota 2005-2013 gidduutti Godina Baalee fi Gujii keessaatti mootummaan Wayyaanee rakkoowwaan amantaa, siyyasaa fi sirna keenyaa fudhachuu diddanii uummuun uummata nagaa dhorkatee namootaa muraasaa ajjeesuun kan mana hidhatti guuree hidhee jira.
10. Bara 2005--20013 Godina Shawaa kaabaa fi Kibbaa lixaa shawaatti hedduu mana hidhattii galchee jira, Salaalee Garba Gurraachaa fi Kuyyuutti ilmaan Oromoo nagaan sabaaba Oromummaa isaaniif ajjeefamaniru.
11. Barotaa 2005--2013tti Magaalotaa Godina addaa nannaawwaa Finfinneetti argamaan irraa qotataa Oromoo lafa isaa irraa buqqisuun lafaa fi qabiyee isaa irraa fudhatee abbootii qabeenyaa biyyaa keessaa fi biyyaa alaatti gurgurachuun uummaannii Oromoo jiruu fi jireenyaa gadadoo keessaa akka jiraatuu taasiseera.
12. Bara 2013 itti karooraa yeroo dheeraa itti hojjeechaa ture as baasuun bulchiinsotaa magaalotaa Godina addaa nannaawwaa Finfinnee jedhamuun beekamuu Holotaa, Burraayyuu, Sabbataa, Sulultaa, Duukam, Galaan, Bishooftuu, Lagaa Xaafoo Laga Daadhii fi Sandaafaa teessoo mootummaa Federaalaa jala galchuun seeraa ofii itti tumatee Finfinnee

    dabalatee magaalonnii gurguddoo Oromiyaa harkaa wayyaanee EPRDF'n akka to'atamtu taasifamee jira.
13. Bara 2011 keessaa mootummaan Wayyaanee addaatti Godinalee Oromiyaa hunda irraatti duulaa hidhaa jumlaa ilmaan Oromoo irraatti labsuun Ilmaan Oromoo kumatamaatti lakka'amaan badii malee mooraa mana hidhaa biyyaatti keessaatti babbal'isee qabutti galchuun murtii tokkoon malee darara jira.
14. Barota 2006 -2013tti mooraan dhaabbiilee barnotaa biyyaatti kanneen akka Yuunivarsiitotaa fi koolleejjotni garaagaraa mooraa dhaabbiilee barnotaa ta'uun hafee mooraa siyaasaa dabbaalloonnii sirna EPRDF itti leenji'an ta'ee ilmaan Oromoo kumaatamatti lakka'aman carraa barnotaa dhabuun sababaa siyaasa Wayyaanee hin deeggarree fi Oromummaa isaanii qofaaf barnotaa irraa arii'amaniru, kan badii malee jumlaan mana hidhaatti darbatamaniru, kan biyyaa irraa arii'atamaniiru kan akka bineensa adamfamuun ajjeefamanii , kaan eessaa buuteen dhabamee jira.
15. Ji'a darbee Adooleessaa 2013 keessaa ilmaan Oromoo utuu to'annaa jala jiraanii manaa hidhaa Wayyaanee Qaallitii, Haqaqii Qilinxoo zoonii garaagaraa keessaatti daraaraan reebichaa sukkaneessaan garaagaraa irraatti rawwatamaa jiraachuun bira ga'amee jira.

16. Bara 2005 --2010tti Maqaa Filaannoo Dimookiraasii kijibaan fi waliin dhahiinsaa mootummaa EPRDF waayyaaneettin ilmaan Oromoo hedduun ajjeefamaniiru, kumaatamatti kan lakka'aman partilee siyaasaa Oromoo karaa nagaa socho'an dabalatee badii tokkoo malee mana hidhaatti ukkafamaniiru, dhibbaan kan lakka'aman biyyaa irraa arii'atamaniru.

Ammas Wayyaaneen bara 2015tti Filannoo kijibaa fi waldhahaa ishee gaggeessuuf addaatti uummaata Ormoo irraa mirgaa Dimookiraasii: mirgaa gurma'uu, mirgaa ijaaramuu, mirga hiriiraa nagaa gochuu, Mirgaa yaadaa ofii bilisaan ibsachuu fi mirgaa biyyaatti keessaatti jarmiyaa siyaasaa fedhan hordofuu afaan qawween dura dhaabbachuun uummataa irraa mulqitee jirti. tarkaanfiin gara jabinaan mootummaan Wayyaanee ummata Oromoo irraatti fudhachaa jiruu umrii Wayyaanee kan gababsuu waan ta'eef uummaanni Oromoo gamtaan kaanee duula walloo nurraatti gaggeeffamaa jiruu waloon kaanee dura dhaabbanna. mootummaa Wayyaanee afaan qawween nu jilbeeffaachiisuu barbaduuf ummanni Oromoo hanga injifatnoo isaa goonfatutti tasa jedhee akka hin fudhanne beeksifna.

Walumaagalattii mootuummaan EPRDF Wayyaaneen TPLF'n durfamuu ummata Oromoo irraatti gochaa duguuginsaa sanyii (genocide) gaggeessaa jiruuf seeraatti dhiyaachuu qaba. mootummaan naannoo Oromiyaa uummata Oromoon bulchaa jira jedhu gochaalee suukkanneessaa ummata Oromoo irratti raawatamaa jiruuf gaafatamummaa jalaa akka hin bane beeksifna.
Sochiin Qeerroo Biyyooleessaa Bilisummaa fi Demokiraasii( The National Youth Movement For Democracy and Freedom) godina dhiha Oromiyaa ibsa isaan beeksisa.
Injifannoon Ummataa Oromoof!
Sochii Qeerroo Biyyooleessaa Bilisummaa fi Dimokiraasii!
Hagayyaa 6/2013